## Qajeelfama Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Kitaabilee Barnootaa

1. **Seensa**

Qulqullina barnootaa mirkaneessuu keessatti meeshaaleen sirna barnootaa keessumattuu, kitaabileen barataa bakka olaanaa akka qaban ni beekama. Kanaaf, mootummaan keenya waggaa waggaan qarshii miliyoonaan lakkaa'amu ramaduun kitaabilee barnootaa qulqullinaa fi gahumsa qaban sadarkaa hundatti qopheessuun, maxxansuu fi raabsuun harka tokkoo tokkoo barataa akka gahu gochuu irratti argama.

Bu'uura kanaan qajeelfamni kun hojiiwwan gurguddoo fi tooftaa raawwii **qopii, maxxansa, raabsaa fi bulchiinsa kitaabilee barnootaa** ilaalchisuun qophaa'eera. Kanaaf qajeelfamni kun raawwattoonni dhimmi ilaalu hundi itti-gaafatamummaa akka qabaatanii fi qaamoleen dhimma kitaabilee barnootaa irratti hojjetan hundi qindoomina qabaatanii, hojii kana saffisaa fi gahumsaan akkaataa itti raawwatanii fi odeeeffannoo ragaa kitaabilee haala qulqullinaa fi gahumsa qabuun qindeessuu fi raawwachuu ni dandeessisa jedhamee amanama**.**

## 2. Gabaajeewwan

**BBO** (Biiroo Barnoota Oromiyaa)

**BBLG/A** (Boordii Barnootaa fi Leenjii Gandaa/Aanaa)

**DSBMB** (Daayirektoreetii Sirna Barnootaa fi Madaallii Barnootaa)

**GMB** (Gamtaa Maatii fi Barsiisaa)

**PMQB** (Paakeejii Mirkaneeffannaa Qulqullina Barnootaa)

# Kutaa Tokko

## 3. Haala Waliigalaa

### 3.1. Mata- duree Gabaabaa

Qajeelfamni kun “Qajeelfama Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Kitaabilee” jedhamee waamamuu ni danda’a.

### 3.2. Hiika Mata- duree Gabaabaa

Akkaataan jechichaa, hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta’e malee, qajeelfama kana keessatti:

**3.3.** **Naannoo** jechuun akkaataa Caaseffama Mootummaa Federaalaatiin Naannoolee 9n, Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi Kaawunsilii Bulchiinsa Magaalaa Dirreedaawaa keessatti Naannoo Oromiyaa jechuudha.

**3.4.** **Mootummaa Naannoo”** jechuun Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.

**3.5.** **Biiroo** jechuun Biiroo Barnoota Oromiyaa yoo ta’u, biiroo jalatti Daayirektoreetii Sirna Barnootaa fi Madaallii Barnootaa jechuudha.

**3.6.** **Waajjira Barnootaa** jechuun akkaataa caasaa irraa jalaatiin Waajjira Barnoota Godinaa, Waajjira Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa ykn Waajjira Barnoota Aanaa jechuudha.

**3.7.** **Bulchiinsa Magaalaa** jechuun Bulchiinsa Magaalota Bishooftuu, Adaamaa, Jimmaa, Shaashamannee, Asallaa, Naqamtee, Burrayuu, sabbataa, Dukam, Sulultaa, Lagaxaafoo, B.M.Galaan, Moojoo, Amboo, Baatuu fi Roobe kan itti waamamni isaanii Naannoof ta’e qofa akka haammatu taasifameera

**3.8.** **Kitaaba** jechuun kitaaba barataa ykn qajeelcha barsiisaa ykn kitaaba wabii jechuudha.

3.9. **Fedhii Kitaabaa** jechuun kitaabilee bara sana keessatti barataa harka jiru, kuufamaa fi hanqina kitaabilee jiru wajjiin waliin madaaluu fi lakkoofsa barattootaa bara sana jiran irratti 10% dabaluun bara baraan maxxanfamee akka ergamuuf kan gaafatamuudha.

3.10. **Qophii Kitaabaa** jechuun kitaabilee ykn sirna barnootaa fedhii ummataa fi mootummaa irratti hundaa'uun sadarkaa Ministeera Barnootaatti ykn sadarkaa naannootti kan qophaa'uu dha.

3.11. **Maxxansa Kitaabaa** jechuun haala fedhii kitaabilee akka maxxanfamuuf gaafatameen ispeesifikeeshiniin qophaa'ee kaameraa reedii fi haardi-kooppiin mana maxxansaa Biiroo Barnoota Oromiyaatiif ykn dhaabbata maxxansaa caal baasii moo'ateef dhihaatee kan maxxanfamuudha.

3.12. **Qooddii Kitaabaa** jechuun haala baayina kitaabilee mana maxxansaatti maxxanfamanii fi baayina barattootaa aanaalee irratti hundaa'uun qooddii godinaalee/bulchiinsa magaalotaa fi aanaaleef hojjatamee gadi bu'uudha.

3.13. **Raabsaa Kitaabaa** jechuun haala adda ta'een kitaabilee barataa ykn qajeelcha barsiisaa ykn kitaaba wabii gara godinaaleetti akka raabsamu yoo taasisame malee, raabsaan kitaabilee dhaabbata maxxansu irraa kallattiin gara aanaaleetti/bulchiinsa magaalatti kan raabsamu jechuudha.

3.14. **Bulchiinsa Kitaabaa** jechuun hojii qophii kitaabilee irraa kaasee hanga raabsaa fi itti fayyadamaatti jiru kan ibsuudha.

3.15. **Ittifayyadama Kitaabaa** jechuun kitaabileen erga harka barataa ykn mana kuusaa gahaaniin booda haala qabiinsa kitaabilee kan ibsuudha.

3.16. **Maqsuu (Dhabamsiisuu) Kitaabaa** jechuun kitaabilee moofa'uun, tarsa'uun ykn fuulli adda addaa keessaa baduun ykn sirni barnoota

isaanii jijjiiramuunii fi kkf kan ka'e tajaajila kennuu irraa ala yoo ta'an Boordii Barnootaa fi Leenjii Gandaatiin murteessuun gara Gamtaa Maatii fi Barsiisotaaf dabarsuun dhabamsiisuu (maqsuu) jechuudha.

**3.17. Gahee** jechuun Qajeelfamicha Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Kitaabilee kana hojiirra oolchuuf gahee Daayireektoreetii Sirna Barnootaa fi Madaallii Barnootaa sadarkaa biiroo, waajjiraalee barnootaa godinaalee, bulchiinsa magaalotaa, aanaalee fi manneen barnootaa maal akka raawwachuu qaban kan ibsu jechuudha.

**3.18.** Qajeelfama kana keessatti jechi dhiiraaf hojjetu dubartootaafis wal qixa ni tajaajila.

## 4. Daangaa Raawwatiinsa Qajeelfamichaa

Qajeelfamni kun aangoo Biiroo Barnoota Oromiyaatiif Labsii 87/1997 keewwata 16 jalatti caqasamee seeraan kennameef irratti hundaa'uudhaan raawwatiinsa kan argatu:

a. Qajeelfamni Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Kitaabilee qophaa'e kun yoo murtee maanajimentii BBOtiin mirkanaa'e.
b. Qajeelfamichi mirkanaa'e xalayaa gaggeessituun gara waajjiraalee barnoota godinaalee fi bulchiinsa magaalotaatti karaa BBOtiin gadi bu'ee, godinaaleen immoo haaluma kanaan gara aanaalee, aanaaleen gara manneen barnootaatti gadi buusuun oranteeshinii irratti kennamee Naannoo Oromiyaa keessatti hojiirra kan ooluudha.

## 5. Kaayyoo

### 5.1. Kaayyoo Gooroo

- Naannoo Oromiyaa keessatti kitaabilee barnootaa qulqullinaan qophaa'ee, yeroon akka maxxanfamu gochuun haala walgitiinsa qabuun raabsuu fi bulchuufi.

### 5.2. Kaayyoo Gooree

- Qaamni qophii kitaabilee irratti hirmaatu gahee isaa beekee kitaabileen qulqullinaan akka qophaa'an gochuuf;
- Rakkoowwan maxxansa kitaabilee irraa kaasee hanga raabsaatti jiran adda baahanii furmaata itti kennuuf;
- Hanqina sadarkaa hundatti mul'atan adda baasuun tarkaanfiin sirreessaa akka fudhatamuuf;
- Kitaabilee barnootaas ta'e kanneen mana dubbisaa jiran haala ammayyaatiin qabuun badii irraa akka baraaraman gochuuf;
- Kitaabileen haala amansiisaa ta'een maxxanfamanii barattoota harka akka gahan gochuuf;
- Kitaabileen barnootaa haalaan akka qabamaniifi yeroo dheeraaf tajaajila akka kennan gochuuf;
- Madaallii sirna barnootaa yeroo qabameef keessatti otoo addaan hin cinne gaggeessuuf;

## 6. Barbaachisummaa

Qulqullina barnootaa eegsisuuf mootmmaan FDRI paakeejii mirkaneeffannaa qulqullina barnootaa baasee akka naannoo keenyaatti hojii irra ooluu erga jalqabee waggoottan lakkoofsisee jira. Sagantaalee PMQB keessaa inni tokkoo Sagantaa fooyya'iinsa Sirna barnootaati. Kaayyoodhuma kana fiixaan baasuun mootummaan kitaabilee sirna barnootaa haaraa qopheessisuun bara baraan maxxansiisee raabsaa jira. Maxxansi fi raabsi kitaabilee kunneenis sadarkaa Ministeera Barnootaa fi sadarkaa Biiroo Barnoota Oromiyaatti raawwatamaa jira. Haa ta'u malee, kitaabileen baay'inaan maxxanfamuun yoo raabsamaniiyyuu manneen barnootaa keessatti akka barbaadamutti barattoota harka gahanii hojii irra ooluurratti hanqinni nijira. Bakka tokko tokkotti hanqinni kitaabilee yoo mul'atu bakka tokko tokkotti ammoo kuufamee argama.

Hubannoon caasaalee barnootaa sadarkaa sadarkaan jiranii xiqqaa waan ta'eef gahee ogeessota sirna barnootaa sirriiti adda baafatanii beekanii wanta isaan irraa eegamu hojjachuu irratti rakkootu jira. Hojii sirna barnootaa haala barbaadamuun hojjechaa hinjiran. Fakkeenyaaf, aanaalee tokko tokko keessatti ogeessa sirna barnootaa jechuun raabsaa kitaabaa irratti nama

hojjetu jechuudha jedhanii kaasu. Kana faanaa namni iddoo kanatti ramadamus dandeettii fi muuxannoo qabuun ramaduurratti hanqinni akka jiru ni mul'ata. Rakkoolee kanneen maqsuuf qajeelfama baasuun deggaruun ni barbaachisa.

Kanaafuu, waa'ee bulchiinsaa fi itti fayyadama kitaabilee irratti qorannoowwan gaggeeffamanii fi rakkoolee qabatamaa hanga ammaa muldhataniif furmaata seera qabeessa ta'e kennuunuudha. Bu'uuruma kanaan qajeelfama kanaan dura qophaa'ee hojii irra jiru irradeebiin akka fooyya'u gochuun rakkoo bulchiinsa kitaabaa irratti mul'ate furmaata kennuuf Biiroon Barnoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa qajeelfama kana fooyyessuun qopheessuun barbaachisaa ta'ee argamee jira.

## Kutaa Lama

### Keeyyata 1. Fedhii Kitaabilee Dhiheessuun walqabatee Gahee Qaamolee Adda Addaa

#### 1.1. Gahee Biiroo Barnoota Oromiyaa

1.1.1. Godinaalee fi bulchiinsa magaalotaa ragaa kitaabilee yeroo fi qulqullina barbaadamuun akka dhiyeessan taasisa; yoo yeroo kennameef keessatti qulqullinaan dhiyeessuu baatan seeraan (jalqaba xalayaa of eeggannoo fi sadarkeessuu yoo ta'u itti aansuun naamusatti dhiheessuun) akka gaafataman taasisa.

1.1.2. Ragaa fedhii kitaabilee godinaalee fi bulchiinsa magaalotaa irraa dhiyaatan qindeessuun erga manaajimentiin murteesiseen booda baajanni maxxansaa akka qabamuuf Mootummaa Naannoof dhiyeessa.

1.1.3. Ragaalee fedhii kitaabilee aanaalee, godinaalee fi bulchiinsa magaalotaa irraa dhihaatuun kitaabolee aanaalee/bulchiinsa magaalotaaf barbaachisan maxxansiisuuf qooddii aanaalee fi ispeesifikeeshinii qopheessa.

1.1.4. Baajata qabame irratti hundaa'uun ispeesifikeeshinii hojjachuu, dhumarrattis qooddii aanolee qopheessuun ragaawwan barbaachisan waliin mana maxxansaa Biiroo Barnoota Oromiyaatiif ykn mana maxxansaa caalbaasii moo'ateef kenna.

1.1.5. Fedhii fi ragaalee kitaabilee yeroo kennameef keessatti qulqullinaan akka dhiyeessan deggarsaa fi hordoffii taasisa

### 1.2. Gahee Waajjira Barnoota Godinaa

1.2.1. Ragaan fedhii kitaabilee bara itti aanuu waajjira barnoota aanaalee isaanii irraa walitti qabuun hanga Muddee 15tti Biiroo Barnootaa Oromiyaatiif ni dhiheessa.

1.2.2. Mannneen barnootaa haaraa godinaalee isaanii keessatti banamuu qaban yoo jiraatan ragaa fedhii kitaabaa isaanii dursee aanaalee irraa qindeessuun hanga Muddee 15tti Biiroo Barnootaaf dhiyeessa.

1.2.3. Reeshoon kitaabaa fi barataa akkuma galmeen barattootaa xumurameen dhuma ji'a Onkololeessaatti aanaalee isaanii irraa walitti qabuun BBO dhaqqabsiisu.

### 1.3. Gahee Waajjira Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa

1.3.1. Ragaan fedhii kitaabilee bara itti aanuu manneen barnoota isaanii irraa walitti qabuun hanga Sadaasa 30tti Biiroo Barnootaa Oromiyaa dhaqqabsiisa.

1.3.2. Mannneen barnootaa haaraa bulchiinsa magaalota isaanii keessatti banamuu qaban yoo jiraatan ragaa fedhii kitaabaa isaanii dursee qindeessuun hanga Sadaasa 30tti Biiroo Barnootaaf dhiyeessa.

1.3.3. Reeshoon kitaabaa fi barataa akkuma galmeen barattootaa xumurameen dhuma ji'a Onkololeessaatti manneen barnoota isaanii irraa walitti qabuun BBO dhaqqabsiisa.

### 1.4. Gahee Waajjira Barnoota Aanaa

1.4.1. Aanaaleen ragaa fedhii kitaabaa manneen barnootaa irraa funaanan qindeessuun fedhii aanaalee/bulchiinsa magaalaa sadarkaa aanaa isaanii Sadaasa 30 dura gara godinaalee isaaniitti ergu.

1.4.2. Fedhii kitaabilee barnootaa bara dhufuu fi mannneen barnootaa haaraa aanaa/bulchiinsa magaala sadarkaa aanaa isaanii keessatti banamuu qaban yoo jiraatan ragaan fedhii kitaabaa isaanii dursee qindeessuun xumura ji'a Onkololeessaatti waajjira barnoota godinaaf dhiyeessa.

**1.5. Gahee Mana Barnootaa**

1.5.1. Manneen barnootaa akkuma galmee barattootaa xumuraniin yoo dheerate guyyaa galmeen barattootaa xumurame irraa kaasee guyyaa 5 keessatti fedhii kitaabaa kan bara itti aanuu qindeessanii waajjira barnoota anaalee/bulchiinsa magaalaaf dabarsu.

**Keeyyata Lama:- Qophii Kitaabaarratti Gahee Qaamota Adda Addaa**

**2.1. Gahee Biiroo Barnoota Oromiyaa**

2.1.1. Siilabasii sadarkaa 1ffaa akaakuu barnoota Afaan Amaaraan ykn Afaan Ingiliiziin Ministeera Barnootaan qophaa'ee ergame haala qabatamaa naannoon walsimsiisuun Afaan Oromootti ni hiika, ni qopheessa.

2.1.2. Kitaaba deggarsaa ykn wabii gosa barnootaa fi kutaalee 1-8tiif ni qopheessa. Kitaabilee deeggarsaa ykn wabii Manneen barnoota dhuunfaa qopheessanii dhihheessaniifis ni mirkaneessa; Akka hojiirra oolus ni taasisa.

2.1.3. Qophii kitaabilee barnootaa kutaa 9-12 Ministeerri Barnootaa hojjatu irratti ni hirmaata; kan sadarkaa 1ffaa ni qopheessa.

2.1.4. Maxxansa irradeebii irratti wantoota fooyya'uun irra jiran yoo jiraatan haala barsiisota hirmaachiseen ni fooyyessa.

2.1.5. Qophii kitaabilee sadarkaa 1ffaa Afaan Dhalootaan qophaa'an Ministeera Barnootaa waliin ta'uun ni qopheessa, hojiirra akka oolu ni taasisa, hojiirra oolmaa isaas ni madaala.

**Keeyyata Sadi:- Maxxansaa, Raabsaa fi Bulchiinsa Kitaabileerratti Gahee Qaamota Adda Addaa**

**3.1. Gahee Biiroo Barnoota Oromiyaa**

3.1.1. Maxxansaa fi raabsaan kitaabilee barnootaa Ministeera Barnootaa waliin ta'uun olaantummaan ni raawwata.

3.1.2. Kitaabileen jijjiiraman yeroon dhaqqabuu yoo dhaban sirna barnootaa durii irra deebiin barattootaaf ni maxxansiisa.

3.1.3. Lakkoofsa barattootaa bara baraan dabalu, kitaabilee haala adda addaan tajaajilaa ala ta'anii fi kkf hanqinaalee kitaabaa ragaa godinaalee fi bulchiinsa magaalotaa irraa dhufan qindeessuu bara baraan ni maxxansiisa.

3.1.4. Fedhiin kitaabilee barnootaa aanaalee irraa funaaname waajjira barnootaa godinaaatiin qindaa'ee dhiyaate ni xiinxala; qooddii aanaalee hojjechuun gaaffii baajata maxxansaa fi raabsaa mootummaa naannoo Oromiyaatiif ni dhiyeessa.

3.1.5. Fedhii kitaabilee barnootaa qindeessuun baajata maxxansaa fi raabsaa erga mirkaneeffateen booda ispeesifikeeshinii qopheessuun, kitaabilee maxxansaman 'hard copy' fi 'soft copy' isaanii Ejensii Bittaa fi Dhabamsiisa Meeshaalee dabarsee ni kenna.

3.1.6. Adeemsa hojiiwwan maxxansaa irraa kaasee hanga raabsaatti raawwatamuu qaban saganta qopheessuun abbummaan ni hordofa.

3.1.7. Ragaan kitaabilee bara baraan galii ta'anii fi manneen barnootaaf raabsaman galmee ofii isaa qabaatee sadarkaa waajjira barnoota godinaa/bulchiinsa magaalaa, aanaa fi manneen barnootaa akka iddattootti fudhachuun sirnaan qindaa'ee taa'uu isaa ni hordofa.

3.1.8. Dhaabbileen maxxansaa fi raabsaa itti gaafatamummaa isaanii akkaataa waliigaltee biiroo wajjiin walii malatteessaniin yeroodhaa fi qulqullinaan maxxansaa fi raabsaa kitaabilee barnootaa raawwachuu isaani ni hordofa.

3.1.9. Kitaabileen barnootaa ergaman harka barattootaa akka hin geenye qaama taasise yoo irra gahame seeratti dhiheessuun akka adabamu ni taasisa.

### 3.2. Gahee Waajjira Barnoota Godinaa

3.2.1. **Ragaan** kitaabilee bara baraan galii ta'ee fi manneen barnootaaf raabsame aanaalee irraa softiikoppii fi haardkooppiin qindaa'e galmee ofii isaa qabaatee sadarkaa waajjira barnoota godinaatti qindeessee kaa'a.

3.2.2. Waajjirri Barnoota Godinaa Qajeelfama bulchiinsaa fi qabiinsa kitaabilee barnootaa kana irratti hundaa'uun ragaa **fedhii** kitaabile waajjiroota barnootaa anaalee fi bulchiinsota magaalaa sadarkaa aanaa irraa ergaman qulqullinaan qindeessuu fi mirkaneessuun yeroo Qajeelfama kana keessatti ibsametti Biiroo Barnoota Oromiyaa dhaqqabsiisa.

3.2.3. Qooddii fi raabsa kitaabilee barnootaa waajjiroota barnootaa anaalee ykn bulchiinsota magaalaa gaggeeffamu hordofuun yoo rakkinni uumame sadarkaa isaatti tarkaanfii atattamaa ni fudhata; BBOfis ni beeksisa.

3.2.4. Waajjirri Barnoota Godinaa waajiraalee barnootaa aanaalee fi bulchiinsota magaalaa keessatti hanqinnii fi kuufamni kitaabilee barnootaa yoo jiraate bakka kuufamni jiruu irraa gara bakka hanqinni kitaabilee jiruutti akka socho'u taasisa.

3.2.5. Godina isaa keessatti qaama kitaabileen barnootaa harka barattootaa akka hin geenye taasise seeratti dhiyeessa.

3.2.6. Godina isaa keessatti kitaabileen barnootaa akka harka barattoota yeroon gahanii fi seeraan qabamuu isaanii mirkaneessuu keessatti ni hordofa, ni sirreessa.

3.2.7. Raabsaa kitaabaa irratti qaamni maxxanse aanaan ga'uu qaba. Garuu, rakkoo humnaa oliitiin aanaan yoo fudhachuu baatee kitaaba mana kuusaa godinaatti qaama raabsu irraa fudhachuuf dirqama qaba.

### 3.3. Gahee Waajjira Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa

3.3.1. **Ragaan** kitaabilee bara baraan galii ta'ee fi manneen barnootaaf raabsame manneen barnootaa irraa softiikoppii fi haardkooppiin qindaa'e galmee ofii isaa qabaatee sadarkaa waajjira barnoota bulchiiinsa magaalaatti qindeessee kaa'a.

3.3.2. Waajjirri Barnoota bulchiinsa magaalaa ragaa **fedhii** kitaabile manneen barnootaa irraa ergaman qulqullinaan qindeessuu fi mirkaneessuun yeroo Qajeelfama kana keessatti ibsametti Biiroo Barnoota Oromiyaa dhaqqabsiisa.

3.3.3. Waajjirri barnootaa bulchiinsa magaalaa kitaabilee dhaabbileen maxxansaa fi raabsaa fidan seeraan fuudhanii moodeela 19 irratti haala qajeelfama kana keessatti kaa'ameen mirkaneessuun qaama kitaaba fideef ni kenna.

3.3.4. Kitaabilee waajjira barnootaa bulchiinsa magaalaa dhaqqaban gosa barnootaa fi sadarkaan qooduun guyyaa kitaabni isaan dhaqqabee kaasee guyyaa 5/shan/ keessatti manneen barnootaa akka dhaqqaban taasisa.

3.3.5. Akkaataa qajeelfama kana keessatti ibsameen barattoonni gara kutaa itti aanutti yoo darban kitabilee barnootaa kutaa itti darbanii Waxxabajjii 30tti fudhachuu isaanii ni mirkaneeffata.

3.3.6. Kitaabilee waajjira barnootaa bulchiinsa magaalaa fi mana barnoota dhaqqaban mana kuusaa keessatti badiin akka irra hingeenyeef bakki mi'jaa'aan jiraachuu, kunuunsaan qabamuu fi eegamuu isaanii hordofuun rakkinni yoo jiraate tarkaanfii sirreessaa ni fudhata.

3.3.7. Manneen barnootaa kitaabilee waajjira barnootaa bulchiinsa magaalaa irraa isaan gahe haala qajeelfama kana keessatti ibsameen yeroo isaa eegaanii harka barattootaatiin gahuu isaanii mirkaneeffachuun rakkinni yoo jiraate tarkaanfii sirreessaa ni fudhata.

3.3.8. Waajjirri barnootaa bulchiinsa magaalaa mana barnootaa kuufamni kitaabilee barnootaa jiru irraa bakka hanqinni jirutti sochoosuu qaba.

## 3.4. Gahee Waajjira Barnoota Aanaa/Bulchiinsa Magaalaa Sadarkaa Aanaa

3.4.1. Ragaan kitaabilee bara baraan galii ta'ee fi manneen barnootaaf raabsame softiikoppii fi haardkooppiin isaanii qophaa'ee galmee ofii isaa qabaatee sadarkaa waajjira barnoota Aanaa/Bulchiinsa Magaalaatti sirnaan qindeessee kaa'a.

3.4.2. Ragaan kitaabilee barnootaa aanaa/bulchiinsota magaalaa keessatti tajaajila kennuu danda'anii fi hindandeenye adda bahanii sirnaan qindeessuun qaba.

3.4.3. Waajjirri barnootaa aanaa/bulchiinsi magaalaa ragaa fedhii kitaabaa manneen barnootaa irraa sassaabuun qulqullinaan qaaccessuu fi qindeessuun yeroo qajeelfama kana keessatti ka'ameef keessatti waajjira barnoota godinaa dhaqqabsiisa.

3.4.4. Waajjirri barnootaa aanaa /bulchiinsi magaalaa kitaabilee dhaabbileen maxxansaa raabsuuf fidan seeraan fuudhanii

moodeela 19 irratti haala qajeelfama kana keessatti kaa'ameen mirkaneessuun qaama kitaaba fideef kenna.

3.4.5. Kitaabilee waajjira barnootaa aanaa/bulchiinsa magaalaa dhaqqaban gosa barnootaa fi sadarkaan qooduun guyyaa kitaabni isaan dhaqqabee kaasee guyyaa 5/shan/ keessatti manneen barnootaa akka dhaqqaban taasisa.

3.4.6. Akkaataa qajeelfama kana keessatti ibsameen barattoonni gara kutaa itti aanutti yoo darban kitaabilee barnootaa kutaa itti darbanii Waxxabajjii 30tti fudhachuu isaanii mirkaneeffata.

3.4.7. Kitaabilee waajjira barnootaa aanaa/bulchiinsa magaalaa fi mana barnoota dhaqqaban mana kuusaa keessatti badiin akka irra hingeenyeef bakki mi'jaa'aan jiraachuu, kunuunsaan qabamuu fi eegamuu isaanii ni hordofa; rakkinni yoo jiraate tarkaanfii sirreessaa ni fudhata.

3.4.8. Manneen barnootaa kitaabilee waajjira barnootaa aanaa irraa isaan gahe, haala qajeelfama kana keessatti ibsameen yeroo isaa eeguun harka barattootaatiin gahuu isaanii ni mirkaneeffata; rakkinni yoo jiraate tarkaanfii sirreessaa ni fudhata.

3.4.9. Waajjirri barnootaa aanaa mana barnootaa kuufamni kitaabilee barnootaa jiru irraa bakka hanqinni jirutti ni sochoosa.

### 3.5. Gahee Mana Barnootaa

3.5.1. Ragaan kitaabilee bara baraan galii ta'ee fi manneen barnootaaf raabsame galmee ofii isaa qabaatee sadarkaa mana barumsaatti sirnaan qindeessa.

3.5.2. Ragaan kitaabilee manneen barnootaa keessa jiran keessaa kan tajaajila hinkenninee fi tajaajila kennuu danda'an adda bahanii sirnaan qindaa'nii akka qabaman taasisa.

3.5.3. Kitaabileen kutaa baratttooni itti darbaniitti Waxabajjii 30 irratti, barattootaaf ni kenna.

3.5.4. Kitaabileen barattootaaf kan kennaman nama wabii ta'ee barataa mana barnootaa isaan galche akka wabiitti ni fudhata.

3.5.5. Kitaabni kan hiramu barsiistota hogganaa daree qabxii barattoota kutaa itti aanutti darbanii hojjetaniin mirkaneessaniin yoo ta'u, ragaa ittiin hirame garuu dura bu'aa mana barnootaatti yookiin qabaa meeshaatti galii gochuun hordoffii bara itti aanuuf haala mijeessa.

3.5.6. Kitaabileen barattootaaf yommuu kennaman guca ittiin ergifatanii (Guca 008/2002) qajeelfama kana irra jiruun ta'a.

3.5.7. Haala qajeelfama kana keessatti ibsameen fedhii kitaabilee barnootaa dhiheeffachuuf baay'ina lakkoofsa barattoota isaa fi baay'ina kitaabilee harka isaanii jiru sakatta'uun akkaataa guca fedhiin kitaabilee barnootaa ittiin sassabamuu kan qajeelfama kana keessatti argamuun qulqulleessanii waajjira barnoota aanaa yeroo kennameef keessatti ni erga.

3.5.8. Manni Barnootaa kitaabileen isaan gaafatan waajjira barnoota aanaa irraa gahee isaanii fudhachuun guyyaa fudhatan irraa kaasanii guyyoota 3-5 hin calle keessatti barattoota isaaniif kennu.

3.5.9. Manni barnootaa barattonni fi barsiistonni kitaabilee kennameef sirnaan akka itti fayyadaman hubannoo kennuuf.

3.5.10. Barattoonni hundi haala wayitii barnootaa isaanii irratti hundaa'uun kitaabilee kennameef harkatti qabatanii daree isaniitti argamuu isaanii ni mirkaneeffatu. Barattoonni kana raawwachuu baatan gorsi ni kennamaf, wabii isaanii waamsisuun yeroo lammaffaaf ni gorsamu, yoo isaan kanaan barattoonni sirreessuu baatan koree naamusa mana barnootaatti dhihaatanii akka adabaman ni taasisa.

3.5.11. Barattoonni kitaabilee fudhatan yoo gatanii fi mancaasuun akka tajaajila hin kennine yoo taasisan gatii kitaabicha dachaa sadiin akka kanfalan ni taasisa.

3.5.12. Manni Barnootaa ragaa baay'ina kitaabilee barnootaa hojii irra jiranii fi kitaabilee tajaajilaan ala ta'an gosa barnootaa fi kutaan addaan baasanii qindeessuun waajjira barnootaa aanaaf yeroo yeroon ni gabaasu.

## 3.6. Gahee Hogganaa/tuu Mana Barnootaa

3.6.1. Barsiisota ittigaafatamtoota daree ta'an ni ramada, kitaaba harka barattootaan akka ga'anii fi itti fayyadama isaa akka hordofan oranteeshinii kennaaf.

3.6.2. Kitaabilee waajjira barnoota aanaa/bulchiinsa magaalaa irraa Moodeela 22 bahii godhe Moodeela 19n mana barnootaatti galii taasisee ragaa itti galii taasise waajjira barnoota aanaa/bulchiinsa magaalaatti dhiheessee herrega isaa ofirraa buusa.

3.6.3. Waggaa waggaan inveentarii kitaabilee barnootaa mana barnootaa taasisa.

### 3.7. Gahee Barsiisaa/tuu,

3.7.1. Kitaabolee barataa ittigaafatamaa daree ta'eef kutaa meeshaa keessaa baasii godhee/tee Waxabajjii 30tti barattoota isaaf/isheef ni kenna/iti.

3.7.2. Kitaabileen barattootaaf yommuu kennaman guca ittiin ergifatanii (Guca 008/2002) qajeelfama kana irra jiruu guuchisa/fti.

3.7.3. Haalli inni/isheen kitaaba barattoota isaaf/isheef kennus/tus nama wabii ta'ee barataa/ttuu mana barnootaa galche wabii akka ta'u taasisa/ti.

3.7.4. Kitaabni kan hiramu barsiisaa/tuu hogganaa daree qabxii barattoota kutaa itti aanutti darban hojjetee/ttee erga mirkaneesseen/siteen booda raawwata/tti.

3.7.5. Barattoonni hundi haala wayitii barnootaa isaanii irratti hundaa'uun kitaabilee kennameef harkatti qabatanii daree isaniitti argamuu isaanii ni mirkaneeffata/tti. Barattoonni kana raawwachuu baatan gorsi ni kennaaf/tiif, wabii isaanii waamsisuun yeroo lammaffaaf ni gorsa/siti, yoo isaan kanaan barattoonni sirreessuu baatan koree naamusa mana barnootaatti dhihaatanii akka adabaman mana barnootaatiif ni dhiheessa/siti.

3.7.6. Ragaa ittiin hire/te qindeessaa mana barnootaatti yookiin qabaa meeshaa mana barnootaatti galii gochuun hordoffiin bara itti aanuuf akka taasifamu haala mijeessa/iti.

3.7.7. Barattoonni kitaabilee kennameef sirnaan akka itti fayyadaman hubannoo kennaaf/tiif. Kitaaba harka barattoota jiru dhuma waggaatti irraa funaanee kutaa meeshaa mana barnootaatti gali taasisa.

## Keeyyata Afur:- Maxxansaa, Raabsaa fi Bulchiinsa Kitaabileerratti Gahee Manneen Barnoota Dhuunfaa

4.1. Manneen barnoota dhuunfaa waggaa waggaan hanga Onkololeessaa 30tti Lakkoofsa barattoota isaan kutaa fi saalaan addaan baasanii BBO beeksisu.

4.2. Baayi'inna barattoota isaanii irratti hundaa'uun kitaabni barnootaa akka maxxanfamuuf BBO gaafatu.

4.3. Gatiin isaan ittiin maxxansiisan gatima BBOn ittiin maxxansiise waan ta'eef, gatiin kitaaba tokko tokkootis gatima BBOn kenneen barattoota isaaniitti gurguru.

# Kutaa Sadi

## Keeyyata Shan:- Kitaabilee Badan Bakka Buusuu fi Kan Tajaajilaan Ala Ta'an Dhabamsiisuu

### 5.1. Kitaabilee Badan Bakka Buusuu

5.1.1. Kitaabilee badan ykn fuulli adda addaa tarsa'e ykn keessaa bade ijoollee kutaa 1-4 ta'aniif gatiidhuma kitaaba irra jiru akka kafalan yoo taasifamu kan kutaa 5-12 garuu gatii kitaabichaa harka dachaa akka kaffalan taasifama.

5.1.2. Kitaabni gatiin isaa irratti hinbarreeffamne haala qaeelfama kitaaba Afaan Ingiliizii USAIDn maxxanfamee kanaan dura darbeen hojiirra oola.

### 5.2. Kitaabilee Tajaajilaan Ala Ta'an Dhabamsiisuu

5.2.1. Kitaabni tokko sirna barnootaan ala ta'uun isaa kan mirkanaa'u Biiroo Barnoota Oromiyaatiin ta'a.

5.2.2. Kitaabni tokko moofa'ee tajaajilaan ala ta'e kan jedhamu sadarkaa kamittuu yoo xiqqaate waggaa 5 erga tajaajileen booda ta'a. Haa ta'u malee kitaabileen kunniin sirna barnootaan ala waan ta'aniif osoo hin ta'in waan moofa'aniif yookiin manca'aniif tajaajilaan ala ta'uu danda'u.

5.2.3. Kitaabni tajaajilaan ala ta'e fi kan haaraa dhufeen akka walitti hin makamne of eeggannoon taasisamuu qaba.

5.2.4. Kitaabileen tajaajilaan ala ta'an Boordii Barnootaa fi Leenjii Gandaatiin erga mirkanaa'een booda GMBn kilogiraamaan safaree seera faayinaansii eegee gurguruun kitaabilee wabii ittiin bituun rakkoo manneen barnootaa akka furamu taasifama.

5.2.5. Sadarkaa Biiroo Barnoota Oromiyaatti kitaabilee hojiin ala ta'an kanneen Ejensii Bittaa fi Dhabamsiisa Meeshaalee waliin ta'uun gurguruun bittaa  kitaabaa wabiif akka oolu taasisa.

**Keeyyata Jaha:- Bulchiinsa Kitaabileerratti Gaafatamummaa Caasaalee Barnootaa.**

**6.1. Waajjira Barnoota Aanaa/Bulchiinsa Magaalaa Qooddii Kitaabaa Biiroo Barnoota Oromiyaa ykn Godina isaaniitiin Kennameef Ala Warra Raabsan Irraa Fudhatee fi Kuuse;**

a) Koree naamusaa waajjira barnootaa aanichaatti dhihaatee haala sadarkaa balleessaa isaa fi qajeelfama siivil sarviisii keessatti ibsameen adabbiin itti kennama.

b) Kitaaba seeraan ala fudhatan baasii dhuunfaa isaaniitiin aanaa hanqinni jirutti geessuuf ni dirqamu.

**6.2. Mana Barnootaa Waxabajjii 30 Dura Kitaaba Barattotaaf Kennuu Dhabe.**

a) Hoggansa itti aanuun xalayaan ofeegganoo akka isa gahu taasisama.

b) Sababii hoggansaan yoo ta'e koree naamusaa waajjira barnootaa aanichaatiin; yoo barsiisaa ta'e immoo koree naamusa mana barumsaatti dhihaatee haala sadarkaa balleessaa isaa fi qajeelfama siivil sarviisii keessatti ibsameen adabbiin itti kennama.

**6.3. Barattoota Kitaaba Bakka Buusuu Dhaban.**

a) Barottonni kitaabilee fudhatan yoo gatanii fi mancaasuun akka tajaajila hin kennine yoo taasisan gatii kitaabicha dachaa sadii akka kanfalan ni taasifama.

b) Maatii akka waamu gochuun karaa maatiin sirreeffamni akka itti kennamu taasisama.

**6.4. Waajjira Barnoota Godinaa, Bulchiinsa Magaalaa, Aanaa ykn Manni Barnootaa Ragaa Kitaabaa Yeroo Gaafatametti Geessisuu Dhabe**

a) Xalayaan ofeegganoo caasaa sadarkaa itti aanuun akka irratti barreeffamu ni taasifama.

b) Balleessaan walfakkaatu yoo irra deebiin raawwatame koree naamusaa caasaa itti aanuun haala sadarkaa balleessaa isaanii fi qajeelfama siivil sarviisii keessatti ibsameen adabbiin itti kennama.

## Kutaa Afur

**Keeyyata Torba:- Seera Qabeessummaa Qajeelfamichaa**

7.1. Qaamoleen hojii barnootaa raawwatanii fi raawwachiisan hundi qajeelfama kana hojii irra oolchuuf dirqama qabu.

7.2. Qajeelfamni kun Koree Manajimentii Biiroo Barnoota Oromiyaatiin yoo mirkanaa'e haala qajeelfamni jedhuun akka hojiirra oolu seeraan eegamaadha.

7.3. Qaamni yookiin namni qajeelfama kana cabsuun kitaabileen baasii olaanaan maxxanfamanii ergaman yeroon barataa harka akka hin geenye taasise seeraan kan gaafatamu ta'a.

**Keeyyata Saddeeti:- Fooyyessuu Qajeelfamichaa**

Biiroon Barnoota Oromiyaa qajeelfama kana haala isaa qorachuun yeroo barbaachisetti fooyyessuuf ni danda'a.

**Keeyyata Sagal:- Hojiirra Oolmaa Qajeelfamichaa**

Qajeelfamni kun Fulbaana 1, bara 2008 irraa eegalee hojii irra oola.

# Kutaa Shan

**Keeyyata Kudhan:- Gucoota Adda Addaa Bulchiinsi Kitaabaa Ittiin Hordofamu**

Kutaa Shanaffaa jalatti gucoota adda addaattu jira. Haalli hordoffii, qabiinsa ragaa fi gabaasa raawwii kitaabilee gucaalee armaan gadiitiin hundaa'ee kan raawwatamu ta'a

Guca 001/2000

**Guca Ragaan Baay'inni Barattootaa Ittiin Sassaabamu**

**Godina ______________________________ Bara Barnootaa________________**

| Lakk | Maqaa Aanaalee/Bulchiinsota Magaalaa | Baay'ina Barataa Kutaadhaan | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 |
| | | | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | | | |

Maqaa __________________________________ Mallaattoo ________________

Guyyaa____________ Chaaphaa

Guca__________
002/2000_____

**Guca Fedhiin Kitaabaa Ittiin Sassaabamu**

**Godina ______________________________ Bara Barnootaa________________**
**Aanaa/Bulchiinsa Magaalaa ________________Gosa Kitaabaa: Kitaaba Baratataa**

| Lakk | Gosa Barnootaa | Baay'ina Kitaabaa Kutaadhaan | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 |
| 1 | Afaan Oromoo | | | | | | | | | | | | |
| 2 | Amaariffa | | | | | | | | | | | | |
| 3 | Ingiliffa | | | | | | | | | | | | |
| 4 | Herrega | | | | | | | | | | | | |
| 5 | Saayinsii Naannoo | | | | | | | | | | | | |
| 6 | Saayinsii Bu'uuraa | | | | | | | | | | | | |
| 7 | Hawaasa | | | | | | | | | | | | |
| 8 | Muuziqaa | | | | | | | | | | | | |
| 9 | Lammummaa fi A.G | | | | | | | | | | | | |
| 10 | Fiiziksii | | | | | | | | | | | | |
| 11 | Keemistirii | | | | | | | | | | | | |
| 12 | Baayoloojii | | | | | | | | | | | | |
| 13 | Joogiraafii | | | | | | | | | | | | |
| 14 | Seenaa | | | | | | | | | | | | |
| 15 | G.J.Q | | | | | | | | | | | | |
| 16 | Biizinasii | | | | | | | | | | | | |
| 17 | IT | | | | | | | | | | | | |
| 18 | Technical Drawing | | | | | | | | | | | | |
| 19 | Ikonoomiksii | | | | | | | | | | | | |

Maqaa _________________________________ Mallaattoo _______________

Guyyaa___________ Chaaphaa

Guca
003/2000

**Guca Fedhiin Kitaabaa Ittiin Sassaabamu**

**Godina _____________________________ Bara Barnootaa_______________**
**Aanaa/Bulchiinsa Magaalaa ______________________ Gosa Kitaabaa: Qajeelcha Barsiisaa**

| Lakk | Gosa Barnootaa | Baay'ina Kitaabaa Kutaadhaan | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 |
| 1 | Afaan Oromoo | | | | | | | | | | | | |
| 2 | Amaariffa | | | | | | | | | | | | |
| 3 | Ingiliffa | | | | | | | | | | | | |
| 4 | Herrega | | | | | | | | | | | | |
| 5 | Saayinsii Naannoo | | | | | | | | | | | | |
| 6 | Eastetiksii | | | | | | | | | | | | |
| 7 | Saayinsii Bu'uuraa | | | | | | | | | | | | |
| 8 | Hawaasa | | | | | | | | | | | | |
| 9 | Muuziqaa | | | | | | | | | | | | |
| 10 | Ogummaa Gaarii | | | | | | | | | | | | |
| 11 | Lammummaa Fi A.G | | | | | | | | | | | | |
| 12 | G.J.Q | | | | | | | | | | | | |
| 13 | Fiiziksii | | | | | | | | | | | | |
| 14 | Keemistirii | | | | | | | | | | | | |
| 15 | Baayoloojii | | | | | | | | | | | | |
| 16 | Joogiraafii | | | | | | | | | | | | |
| 17 | Seenaa | | | | | | | | | | | | |
| 18 | Biizinasii | | | | | | | | | | | | |
| 19 | IT | | | | | | | | | | | | |
| 20 | Ikonomiiksii | | | | | | | | | | | | |
| 20 | Technical Drawing | | | | | | | | | | | | |

Maqaa ________________________________ Mallaattoo _______________

Guyyaa___________ Chaaphaa

Guca
004/2000

**Guca Hira (Reeshoon) Kitaabaa fi Baratаа Itti Guutamu**

**Godina _______________________________ Bara Barnootaa________________**

**Aanaalee/Bulchiinsa Magaalaa ______________ Gosa Kitaabaa: Kitaaba Baratаа**

| Lakk | Gosa Barnootaa | Hira Kitaabaa Baratаaf (Reeshiyoo) Kutaadhaan | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 |
| 1 | Afaan Oromoo | 1:1 | | | | | | | | | | | |
| 2 | Amaariffa | | | | | | | | | | | | |
| 3 | Ingiliffa | | | | | | | | | | | | |
| 4 | Herrega | | | | | | | | | | | | |
| 5 | Saayinsii Naannoo | | | | | | | | | | | | |
| 6 | Saayinsii Bu'uuraa | | | | | | | | | | | | |
| 7 | Hawaasa | | | | | | | | | | | | |
| 8 | Muuziqaa | | | | | | | | | | | | |
| 9 | Ogummaa Gaarii | | | | | | | | | | | | |
| 10 | Lammummaa Fi A.G | | | | | | | | | | | | |
| 11 | Fiiziksii | | | | | | | | | | | | |
| 12 | Keemistirii | | | | | | | | | | | | |
| 13 | Baayoloojii | | | | | | | | | | | | |
| 14 | Joogiraafii | | | | | | | | | | | | |
| 15 | Seenaa | | | | | | | | | | | | |
| 16 | G.J.Q | | | | | | | | | | | | |
| 17 | Biiznasii | | | | | | | | | | | | |
| 18 | IT | | | | | | | | | | | | |
| 19 | Ikonomiiksii | | | | | | | | | | | | |
| 20 | Technical Drawing | | | | | | | | | | | | |

Maqaa ___________________________________ Mallaattoo ________________

Guyyaa____________ Chaaphaa

Guca
005/2000

**Guca Baay'ina Kitaabni Tajaajilaan Ala Ta'e Ittin Gabaafamu**

Godina ______________________________ Bara Barnootaa________________

Aanaa/Bulchiinsa Magaalaa ____________________________Gosa Kitaabaa:

Kitaaba Barataa/Qajeelcha Barsiisaa

1. Hanga kitaaba tajaajilaan ala ta'ee kilogiraamaan:

   ______________________________Kg

2. Qaama tajaajilaan ala ta'uu isaa mirkaneesse:

   ___________________________________________

8. Maqaa _________________________________ Mallaattoo _______________
   Guyyaa___________ Chaaphaa

**Guca 006/2000**

## *Goca Namoota Kitaabilee Buusaniif Kanfaltiin Itti Raawwatamu.*

### *መጽሐፍትን ላወረዱ ሰዎች ክፍያ የሚፈፀምበት ቅጽ*

1.Godina/B/Magaala____________________2.Aanaa/B/Magaala
ዞን/ከተማ ወረዳ/ከተማ

3.Maqaa konkolaachisaa _________________ 4. Lakkoofsa gabatee konkolaataa _____________

የሾፌሩ ስም የመኪና የሰሌዳ ቁጥር

5. Maqaa dhaabbata kitaabilee ergee__________________________________________

መጽሐፍቱን የላከው ድርጅት ስም

6.Guyyaa fi sa'aatii kitaabni itti dhaqqabe _____________________________
መጽሐፍት የደረሰበት ቀንና ሰዓት

7.Guyyaa fi sa'aatii itti kitaabni bu'ee raawwate ___________________________
መጽሐፍት ወርዶ የተጠናቀቀበት ቀንና ሰዓት

8. Hamma/baay'ina/ kitaabilee bu'ee_____________________________
የወረደው የመጽሐፍት ብዛት

9. Qarshii kanfalame Qr. ________________________________
የተከፈለው ገንዘብ ብር

10. Maqaa nama kitaaba buusee _________________________________
ያወረዳው ሰው

Maqaa ________________________ Mallattoo __________ Guyyaa
ስም ፊርማ ቀን

11. Maqaa fi Mallattoo Konkoolaachisaa
የሾፌሩ ስምና ፊርማ

Maqaa ________________________ Mallattoo __________ Guyyaa
ስም ፊርማ ቀን

12.Maqaa fi Mallattoo Raawwataa Hojii Sirna Barnootaa Aanaa
የወረዳው የሥርዓተ ትምህርት ሥራ ፈፃሚ ስምና ፊርማ

Maqaa ________________________ Mallattoo __________ Guyyaa
ስም ፊርማ ቀን

***Chaappaa W.Barnoota Aanaa/B/Magaalaa***

*የወረደው/የከተማው አስተዳደር ት/ቢሮ ማህተም*

Guca 007/2000

Guca Galmeen Kitaabilee Baratataa Itti Qindaaa'u

Bara Barnootaa___________________ Kutaa -
-----------------

| Lakk. | Gosa Barnootaa | kan galii ta'e | kan barataa irraa bara dabre deebi'e | Kan barattootaaf raabsame | Kan bade/manca'e | Hanqina jiru | kan kuufamaan jiran | barnootaan ala ta'an | Kitaabilee xumura waggaatti mana kuusaa jiru |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Afaan Oromoo | | | | | | | | |
| 2 | Afaan Amaaraa | | | | | | | | |
| 3 | Afaan Ingliizii | | | | | | | | |
| 4 | Herrega | | | | | | | | |
| 5 | Saayi Naannoo | | | | | | | | |
| 6 | Saayinsii Bu'uuraa | | | | | | | | |
| 7 | Bar. Hawaasaa | | | | | | | | |
| 8 | Bar Lammummaa | | | | | | | | |
| 9 | Muuzqaa | | | | | | | | |
| 10 | Fiiziksii i | | | | | | | | |
| 11 | Keemistirii | | | | | | | | |
| 12 | Baayooloji | | | | | | | | |
| 13 | Joogiraafii | | | | | | | | |
| 14 | Seenaa | | | | | | | | |
| 15 | BGJQ | | | | | | | | |
| 16 | Teek. Diroowingii | | | | | | | | |
| 17 | Ikonomiiksii | | | | | | | | |
| 18 | Bar. Biiznasii | | | | | | | | |
| 19 | IT | | | | | | | | |

Hub. Kitaabni Sagantaan Afaan Amaaraa kutaa 1-8is haaluma kanaan qindaa'ee qabama.

Guca 008/2002

Foormii Baratataan/ttuun kitaaba ittiin ergifatu/ttu

Godina__________________________ Aanaa________________________

Maqaa Mana Barnnootaa________________________________

Maqaa Baratata___________________________Kutaa itti darbe________

Maqaa nama wabii ta'eef_________________________________________

Sagantaa Afaan Oromoo ☐ Sagantaa Afaan Ama ☐

| Lakk | Gosa kitaaba Fudhatee | Kutaa | Gatii tokko | Mallattoo |
|---|---|---|---|---|
| 1 | | | | |
| 2 | | | | |
| 3 | | | | |
| 4 | | | | |
| 5 | | | | |
| 6 | | | | |
| 7 | | | | |
| 8 | | | | |
| 9 | | | | |
| 10 | | | | |
| 11 | | | | |
| 12 | | | | |
| 13 | | | | |
| 14 | | | | |
| 15 | | | | |
| 16 | | | | |
| 17 | | | | |
| 18 | | | | |
| 19 | | | | |

Maqaa Barsiisaa/tuu Kitaabilee ergiseefii/teefii--------------------------

Mallattoo----------------------------

Guyyaa------------------------